# QORANNOO LEDII MAAMILTOOTA SPRWS-TIIF

Ujummoon tajaajila bishaania gara mana keessaniitti galu dhiyoo kana ujummoo koopparIitiin isiniif jijjiirameera. Yeroo ujummoon ledii (lead) ka'u, dhuunka'aan ledii ujummoo mana keessoo jiru keessatti torbanoota muraasaaf ykn ji'oota muraasaaf hafuu danda'a. SPRWS erga ujummoo ledii jijjiiree booda, bishaan dhugaatii maamiltootaa tola ni qorata.

Maaloo, naamunaa ledii tola isiniif kennamu waraabuuf qajeelfama hordofaa. Kun bishaan boombaa keessan maddoottan ledii biroon gurguddoon jiraachuu dhiisuu isaanii mirkaneessa.

## Qabiyyee:


- Qajeelfama barreeffamaa: (Dookimantii kana)
- Qaruuraa naamunaa Liitira 1 fi Foormii COC: (COC: Chain of Custody - foormii ragaa hordoffii naamunaa)
- Maxxansa teessoo deebisa poostaa kan itti kaffalamee
- Saanduqa (Saanduqa kanaan naamunaa keessan gara laaboraatooriitti waan itti deebistaniif hin gatinaa)

**Maaloo, erga meeshaa qorannoo kana fudhattanii booda torbanoota 3 keessatti naamunaa bishaanii waraabame; teessoo poostaa deebisaa isiniif ergame irraa jiru fayyadamuun gara laaboraatooriitti ergaa.**

1. 

Naamunaa waraabuu keessan dura, yoo xiqqaate sa'aatii ja'aaf (6) mana keessatti bishaan hin fayyadaminaa. Kun yeroo baay'ee ganama ykn yeroo hojiidhaa galtan ta'a. Naamunaa sassaabuuf, jalqaba qadaaddii qaruuraa sanaa irraa kaasaa.

2. Bishaan QABBANAYAA boombaa KUSHIINAA keessa jiru fayyadamaa.



3. Bishaanicha hanga gatiittii qaruuraa/xaarmuzii sanaatti guutaa.




4. Qadaaddii qaruuraa sanaa gadi jabeessii cufi.




5. Odeeffannoo foormii 'Chain of Custody' (COC) irratti jiru hunda guutaatii saanduqa keessatti deebisaa.

Odeeffannoo kana guutuuf quluphee iskiriiptoo ykn halluu hin haqamne fayyadamaa.



6. Namunaa fi foormii COC saanduqa isiniif kenname keessa naqaa, achiis teessoo poostaa deebisaa sana irratti maxxansaa.



Kaartoonicha saanduqa poostaa keessan keessa kaayaa ykn bakka tajaajila poostaa (USPS) geessanii kennaa.

Yoo meeshaan isiniif ergame tarsayee ykn cabee argame, maaloo TruePani lakkoofsa bilbilaa 855-660-9965 irratti bilbilaa.

Naamunaa bishaania erga waraabdanii booda, guyyoota 3 caala utuu hin tursiin deebisaa ergaa.

Argamtii qorannoo keessanii akkuma xumurameen poostaadhaan isiniif ergina. Argamtii qorannoo keessanii argachuuf torban 2 hanga 4 fudhachuu danda'a.

Ogeessonni qulqullina bishaania akkaataa naamunaa itti waraaban ykn argamtii qorannoo kanaa ibsuuf gargaarsa kennuuf lakkoofsa bilbilaa 651-266-1635 irratti ni argamu.

Gareen 'Lead Free SPRWS' gaaffilee waliigalaaf iimeelii lead@stpaul.gov ykn lakkoofsa bilbilaa 651-266-6820 irratti ni argamu.

Odeeffannoo dabalataa argachuuf, garee 'Lead Free SPRWS' lakkoofsa 651-266-6820 irratti quunnamamaa. Isaan nama afaan isiniif hiiku isiniif qopheessu.